# COVID-19 Akkamiin Hawaasawwan Keessa akka Tatamsa’u

Namoonni COVID-19n qabaman hundi hindhukkubsatan. Garuu ammoo osuma FAYYAAN itti dhagahamu, vaayirasicha nama biraatti dabarsu danda’u.

Namni COVID-19n qabame tokko yoo kan cidha, ykn awwaalcha, ykn bakka namoonni hedduun itti walitti qabaman kan biraa dhaqee, namoota achiitti argaman kan biraatti haala salphaa ta’een vaayirasii dabarsuu danda’u. Kunis keessattu yoo namoonni maaskii hinkaawwannee fi yoo xinnaate miila 6 namoota kaan irraa hinfagaannee ta’e dhugaa ta’a.

Namoonni haalawwan sanarratti vaayirasichaan qabamanis maatii manaafi hiriyoota isaaniitti geessuu. Magaalaan ala kan jiraatan yoo ta’es, COVID-19 isaan waliin gara sana deema.

Kan isaan waliin jiraatan hundis amma qabamu danda’u. Yoo hundi isaanis hojii, mana barnootaa, ykn bakka namoonni itti walitti qabaman kan biraa kan deeman ta’e, namoonni bakka sanatti argamanis akkasuma qabamu danda’u.

COVID-19 nama tokkichaan eegalees, yoo namoonni tatamsa’ina isaa dhaabuuf waan tokko hinraawwanne ta’e, hatattamaan baay’achu ykn kan caalu ta’uu danda’a.

Maatii kee, hiriyyoota kee fi namoota hinbeekneelleen ittisuuf tarkaanfiiwwan fudhadhu.

Bakkawwan namoonni baay’een itti walitti qabaman irraa fagaadhu.

Maaskii kaawwadhu.

Namoota kaan irraa yoo xinnaate miila 6 fagaadhu.

Harka kee dhiqadhu.

Yoo dhukkubsatte ammoo mana turi.

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

10/20/20 (Oromo)

*Odeeffannoo kana danaa gara biraatiin argachuuf: 651-201-4989 irratti bilbilaa.*